WN-Class-Instructor-0420-Oromo.pdf 1 4/15/21 11:31 PM



# What's Next?

## QAJEELFAMA BARSIISAA



## Haasaa Eerreegaa

### Jechoota Daa'imaa

| Jechoota Herreegaa | Hiikkaa Umrii Sirrii | Sochii Harkaa |
| --- | --- | --- |
| Tarree | "Waan ammaa amma irra dedeebii'uu tokko" | Qarqara quba 2 walii walii isaanii xuqsiisuun sochii geengootiin sochoosaa |



### Jechoota Dargaggeessaa

| Jechoota Herreegaa | Definition |
| --- | --- |
| AB vs. Tarreewwan ABB | AB:  ABB:  |

**Ofiin-Dubbachuu:** yeroo gochawwan keessan himtaniidha. Attamiin akka ofiin-dubbachaa hTarreechuu akka shaakalamuurratti fakkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Yoo uffata uffattan, "shuraaba koo irartti tarreen uffachaa jira. Burreen deemeera: adii, gurracha, adii gurraachaa..."
- Osoo muziiqaa dhaggeeffattanuu, walaloo irra deebii'amu adda baasi, "faaruu kana keessatti Tarree dhagaheera, innis akkasiin deema: dibbe, dibbee, sagalee bilbillee, dibbee, dibbee, sagalee bilbillee..."

**Haasaa- Bukkoo (waliin adeemuu):** yeroo gochawwan daa'imaa himtaniidha. Attamiin akka haasaa-buukoo Tarree akka shaakaluu itti fayyadamamurratti fakkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Daa'imtii wayita danqaawwan tuuluu akkasi jedha, "Darbii Tarree tolchiite! Innis akkasiin deama: diimaa, cuquliisa, diimaa, cuquliisa..."
- Daa'imtii wayita shubbistuutti akkas jedhiin, "dugda kee gara bitaatti achuun ammoo gara mirgaatti, ammas gara bitaafi gara mirgaatti sosochosuun Tarree keessa sochootaa..."

WN-Class-Instructor-0420-Oromo.pdf 2 4/15/21 11:31 PM

# Ijaari

## Tarsimoowwan Barsiisuu sarara WARQEE:

**23 Tarreeawwan beekumsaa mullisuu**
(Magariisa, Cuquliisa, fi Diimaadii)
Tarreewwan salphaa irra deddeebi'an garagclhuun; tarreewwan irra deddeebii salphaa babal'iosuu fi uumuu; tarreewwan irra deddeebii caalatti walxaxaa ta'anii fi salphaan guddatanii beekuu, uumuu fi ibsuu.




**Kitaaboota Dubbisuuf Gorfaman:**
Tarree Pitter
Joyce Hesselberth'tiin

## TARREE WARQII TS

| Sadarakaa Taphaa | Maqaa/ Ibsa |
|---|---|
| Sanyii Waggoota 2 | **Hojjataa- Duree Tarree**<br>Daa'imti ganaa Tarree hin hubatu ta'u mala. Isaanis tishartii sararaa kan kutaa irra deedeebiin omaa hinqabne arguun Tarree jedhanii waamu ta'a. |
| Giddina Waggoota 3 | **Garagalcha Tarree**<br>Garagalchiiwwan Tarreeawwan salphaan irra deebii'a. Fakkeenyaaf, wayita barsiisoonni callee fo'aan akka inni itti deemu barii: magariisa, keelloo, magariisa, keelloo, magariisa, kkf. |
| Giddina Waggoota 4 | **Dheerreessaa Tarree AB**<br>Daa'imtii Tarreeawwan irra deebii'an dheereessu danda'an. Tarree adeemu irratti yoo agarsiisfamu: gurraacha, burtukaana, gurraacha, burtukaana, thdaa'imti isatti dabaluu dandeessi: gurraacha, burtukaana. |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Babal'isaa tarree (AB'tiin ala) fi ibsaa**<br>Daa'imti tarreewwab babal'isuu ni danda'u, AB ta'uu baatan illee, fakkeenyaaf tarree ABBA babal'isuu ni danda'u. Daa'imtii Tarreea ibsuu ykn hubachiisu ni danda'u. Isaanis jechu kan danda'an, "Kun Tarreedha, innis kan deemuu: diimadii, adii, diimadii, adii, diimadii!" |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Uumaa Tarree**<br>Tarreewwan AB salphaa ta'ee uumuun ibsuunii fi tarii Tarreeawwan ABBA caalaa walxaxaa ta'an uumuu jalqabu ta'a. Fakkeenyaaf daa'imti gamoo adeemu uumuu ni danda'a: kiwuubii, pirizimii reegtaangilaawaa, kiwuubii, pirizimii reegtaangilaawaa, kiwuubii, kkf. |

## Taphadhuutii Walitti dhufi

Yaadniwwan osoo taphatanuu waa'ee Tarree hojjachuu ittiin baratan muraasni kunooti!

### Daricha keessatti:

- Yeroo dadarbiinsaatti yoo hiriiran, barattoota akkaataa tarreetiin sararaan kaa'aa kan akka: Uffata harka dheeraa, uffata harka gabaabaa, Uffata harka dheeraa, uffata harka gabaabaa, kkf. Daa'imman tarree kan argatan yoo ta'e ilaalaa.
- Yeroo soorataatti barattoonni nyaata isaaniitiin tarree hojjechuu akka danda'an ilaalaa. Fakkeenyaaf: muuzii, muuzii, baaduu, muuzii, muuzii, baaduu, kkf.

### Daawwanaa Manaa:

- Maatiin ijoollee isaanii waliin "Eye-Spy a Pattern" ni taphatuu. Guyyaa guutuu akka arganiif Tarreeadhaaf adamsoo akka deemaniif jajjabeessaa. Tarree isaan daa'ima isaanii irratti argan maatii gaafadhaa akkasumas daa'imtis taree argachuu kan dandeessu yoo ta'e ilaalaa!
- Maatii tarree uumuuf sagaleewwan adda adda fayyadamuun gtarre kan akka eegalan taasisaa. Fakkeenyaaf: harka walitti rukutuu, harka walitti rukutuu, meeshaa rukutuu, harka walitti rukutuu, harka walitti rukutuu, meeshaa rukutuu, kkf. Daa'imti isaanii tarree kan itti fufutu yoo ta'e ilaalaa.

Waa'ee herreega barachuu dabalatyaa kanarraa baradhaa
**www.zenomath.org/partner-resources/**